Itoophiyaa: Xiyyeeffannaan qonnaan bulaa nyaataafi kunuunsa lukkuuf kennu galii maatii dabale (Niiyoo Biraawniin)

Oduu Gabaabaa

Itoophiyaa keessatti, qonnaan bulaa Asfoo Waas nyaatniifi kunuunsi lukkuu gaariin akka fayyaa lukkuu fooyyessuufi galii maatii dabaluu danda'u agarsiisaa jira. Obbo Asfoo guyyaa isaa kan jalqabu mana lukkuu qulqulleesuufi nyaataafi bishaan guutuun. Obbo Asfoo akka waliigalaatti waggaa lamaaf lukkuu horsiisaa ture. Galii argatuun miseensota maatii isaa ja'a ittiin bulchuu danda'uu isaatiin gammadaadha. Fayyaa lukkuuwwan isaa eeguuf, akkamittiifi maal akka jara nyaachisu irratti xiyyeeffannaa addaa godha. Galii isaa dabaluuf, hojii daldalaa lukkuu horsiisuu babalisuu barbaada; kayyoowwan isaa galmaan ga'uuf, kunuunsiifi nyaatni gaarii akka tooftaa irra caalaa filatamaa taa'an beeka.

Barii ganamaati. Asfoos humna cimaan ka'uun fedhiidhaan lukkuuwwan isaa kununsuuf jedha. Mana lukkuu qulqulleessuun bishaaniifi nyaata ga'aa kaa'a. Obbo Asfoo akka waliigalaatti waggaa lamaaf lukkuu horsiisaa ture. Galii argatuun miseensota maatii isaa ja'a ittiin bulchuu danda'uu isaatiin gammadaadha.

Fayyaa lukkuuwwan isaa eeguuf, Obbo Asfoo akkamittiifi maal akka lukkuuwwan nyaachisu irratti xiyyeeffannaa addaa godha. Akkasitti ibsa: "Yeroo hunda ganama ganama, ijoolleen mana barumsaatti erga; akka lukkuuwwan nyaataafi bishaan ga'aa argatanus nanmirkaneessa. Guyyaatti al sadii walmakaa boqqolloofi ruuziin nyaachisaan"

Obbo Asfoo ji'a tokkoof boqqolloo kiiloo 50fi ruuzii hanga walfakkaataa ta'e bita; achii, lukkuuwwan isaa nyaachisuuf qophii gochuuf malmakkicha gara mana baaburaatti geessa. Akkas jechuun dabalataan haasawa, "Haati manaa koo lukkuuwwan nyaachisuufi da'oo keessaa baasuun akka aduu argachuun fayyaa taa'anii guddatanuuf na gargaarti."

Obbo Asfoo ijoollee afur qaba. Magaalaa Yaalii, Aanaa Sameen Bachoo, Naannoo Ummatootaafi Sablammoota Kibbaa, Itoophiyaa, keessa jiraata. Gaalii lukkuuwwan irraa argatu dabaluuf hojii daldala lukkuu babalisuu akka barbaadu ibsa. Dabalataanis, tooftaan inni irra caalaa filatamaa kun ittiin milkaa'u, lukkuuwwan isaaf nyaata gaarii dhiyeesuufi fayyaa isaanii eeguu akka ta'es ni ibsa.

Obbo Asfoo amma hojii daldala lukkuu irraa galii dabalataa argachuun akka maatiin isaa jireenya fooyya'aa jiraatu kan gochisiisu dandeettiifi beekumsa akka qabu ni amana.

Akkasitti ibsa: "Waggoota lama darban keessatti, dandeettii akkamitti lukkuuwwan fayyaafi gurgurtaaf dhiyaachuu dandaa'anu ittiin horsiisamanu baradheera. Leenjiiwwan ogeessitoota fayyaa horiin naannoo keenyatti argamanuun kennaman irratti hirmaachaan ture. Ammas haala idileen leenjiiwwan kana irratti hirmaachuun akkamitti akka cuuciiwwan guddifamaan barachaan jira." Obbo Asfoo leenjii isaa kan fudhate Qonna Lukkuu Bongaa, Zoonii Kafaa, Kibba Itoophiyaa keessatti argamutti.

Yeroo ammaa, Obbo Asfoo lukkuuwwan 20 horsiisaa jira. Torbeewwan dhufanu keessatti, cuuciiwwan dabalataa 20 argachuuf dhiyeenyatti qarshii 300 (doolaarii Ameerikaa 7.83) baaseera.

Akkas jechuun ibsa, “Qonna koo irratti lukkuuwwan horsiisuuf bakka/iddoo ga’aan qaba. Cuuciiwwan 20 dabalataan dhiyeenya fudhachuu ka’uuf, bakka/da’oo dabalataa qopheessuuf karoorfachaan jira.” Haala ga’aan bakka horsiisa cuucii qopheessuun tooftaa/qaama barbaachisaa dhibeewwan lukkuu ittiin ittisamanuudha.

Abiiy Alamayyoo ogeessa qonnaa magaalaa Hawaasaa Naannoo Kibbaa keessatti argamuudha. Walta’iinsa dhaabbata mit-mootummaa “Ethio-Chicken” waliin, horsiisa lukkuu irratti qonnaan bultoota akka leenjisaa jiranu dubata. Eega qonnaan bultoonni cuuciiwwan guddisuu irratti bobbaa’an booda, leenjistoonni oomishinni akka milkaa’u mirkaneessuuf hordoffii godhu.

Obbo Asfoo akka jedhutti, barumsi inni hunda caalaa bu-qabeessa leenjiiwwan irraa argate akkamitti lukkuuwwan dhibeewwan irraa eegamanuudha.

Akkasitti ibsa: “Waqtileen cuucciiwwan dhibeewwaniif saaxilaman jiru; barbaachisummaan leenjiichaa yeroo sana mul’ata. Akka cuuciiwwan talaalii marsaa sadii argachuun isaanii murteessaa ta’e baradheera.”

Hojjetoota fayyaa horii waliin hordoffii gaggeessuun, akka lukkuuwwan dhukkubsatan qoricha barbaachisaa ta’e argatan mirkaneessuf murteessaa ta’e dubata. Dabalataniis, akka jedha: “Akkan qonnaan bultoota kaaniif fakkeenya ta’u abdiin qaba. Waa’een an baradhe odeeffannoon qoodaaf, akka isaanis barumsa kana irraa fayyadamaa taa’anuuf.”

Obbo Asfoo lukkuu horsiisuun bu’aa dhandhamateera; bu’aa dabalataa qonna isaa irraa argachuuf, akka lakkoofsa lukkuu dabaluu danda’u amantii qaba.

Dabalataanis, akka jedha: “Waggaa darbe, leenjii guddisa/horsiisa lukkuu irratti argadhe hojii irra oolchuun qarshii 50, 000 (doolaarii Ameerikaa 1,330) ol argadheera. Lukkuuwwan al afur horsiisee gurgurachuu danda’eera.”

Hojiin lukkuu horsiisuu madda galii isaa isa ijoo ta’aa jira. Akka karaa kana maatii isaa deggeruu danda’u ni yaada. Kana ilaalchisee akkas jedha, “Galii horsiisa lukkuu irraa argadhu fayyadamuun, ijoollee koo manneen barumsaa gaariitti erguuf kutadheera.”

Barruun kun kan qophaa’ee gargaarsa malaqaa IFC (akka qaama Scaling Poultry Radio Program in Ethiopia) irraa.